# Ameerikaatti Koolugaltummaaf Iyyachuun Danda'aa?

**Can I Apply for Asylum in the United States?**



Waraqaa ibsituun kun waa’ee koolugaltummaa fi eenyu kanaaf akka ulaagaa guutuu dubbata. Eenyummaafi seenaa immigireeshinii keessan irratti hundaa’uun koolugaltummaa iyyachuuf karaaleen adda addaa 3 ni jiru. Waraqaa ibsittuun kun yeroo iyyattan adeemsa kam fayyadamuu akka qabdan hubachuuf isin gargaara.

LawHelpMN.org waraqaawwan ibsituu biroo kanneen koolugaltummaa iyyachuuf isin gargaaran qaba. Waraqaa ibsituun kun waraqaa ibsituu kan biraa kam fayyadamuu akka qabdan murteessuuf isin gargaara. Koolugaltummaa gaafachuuf kaffaltii doolaara 100 gaafata.

Fuula dhugeeffannoo kana afaan Ingliiziin ykn kabiroon dubbisuuf, daawadhaa: LawHelpMN.org.

Waraqaan dhugaa kun Giddugala Seera Godaantotaa Minnesota, Gargaarsa Seeraa Mid-Minnesota, Tajaajila Seeraa Naannoo Kibba Minnesota, The Advocates for Human Rights, fi Volunteer Lawyers Network waliin ta’uun kan qophaa’edha. Maallaqa Kutaa Tajaajila Namaa Naannoo Minnesota irraa argameen deeggaramee ture.

# Ulaagaa Koolugaltummaa

## Koolugaltummaa jechuun maali?

Koolugaltummaan gosa eegumsaa Ameerikaa keessa turuuf isin dandeessisudha.Daandii jireenyaa fi lammummaati. Koolugaltummaa gaafachuu kan dandeessan yoo biyya ka’umsa keessaniitti deebi’uu sodaattan qofa. Achitti miidhaan isinirra ga'ee ture yoo ta’e  ykn yoo deebitan miidhaan narr ga'a jettanii amantu yoo ta’edha. Yoo koolugaltummaa argachuuf ulaagaa guuttan, iyyachuu qabdu. Gara biyyaatti deebi'uu waan sodaattaniif qofa takkaadhumaan koolugaltummaa hin argattan.

## Miidhaa akkam akkamiin mirkaneeffachuu qaba?

Yoo xiqqaate wantoota kana keessaa tokkoon miidhaan akka isinirra gahe ykn miidhamuu akka dandeessan mirkaneessuu qabdu:



**Sanyii keessan.** Sababa amala qaamaa ykn garee keessa jirtan irraa kan ka’e isin irratti xiyyeeffatamuu danda’a ta’a. Fakkeenyaaf: Sababa isin dhaloota jalqabaa kaasee achi jiru taataniif xiyyeeffatamuu dandeessu ta’a.



**Amantii keessan.** Amantii murtaa’e tokko hordofuu waan diddeef xiyyeeffannaan isinirratti godhamuu danda’a. Akkasumas akkaataa amantii keessan itti adeemsifattan irraan kan ka’e  xiyyeeffannaan isinirra jiraachuu danda’a.




**Sabummaa keessaniin.**



**Ilaalcha siyaasaa keessan.** Garee siyaasaa ykn mootummaa tokko waan deggertaniif ykn mormitaniif xiyyeeffannoo jala galtan ta’a. Illalcha siyaasa tokkoo deeggaruuf ykn mormuuf tarkaanfii waan fudhattaniif xiyyeeffannoon isinitti kennamuu danda'a. Kunis mormii dhageessisuu ykn mootummaa tokko irratti yaada kennuu ta'uu danda'a. Akkasumas ejjennoo mirga namoomaa deggeru qabaattanii, walqixxummaatti amantanii, ilaalcha walqixxummaa dubartiitti amantanii ykn mirga dhalattootaa leellifte jechuu ta’uu danda’a.



**Garee hawaasummaa ati keessa jirtu kan jijjiiruu hin dandeenye ykn jijjiiruun si irraa barbaadamu hin qabne.** Kunis sabummaa keessan, koorniyaa keessan, fedhii saalaa keessan, gosa ykn sanyii keessan, ykn maatii keessan dabalata.



**Fkn: Daaniin sababa sanyii fi ilaalcha siyaasaa isaatiin koolugaltummaaf iyyachaa jira.**

Daaniin gosaan nama durjii El Salvaador dha. Mirga lafa namoota durjiif dhaabata. Poolisiin qabamee, gaafatamee, reebamee, doorsifame. Poolisiin hojii isaa akka dhaabu itti hime. Daaniin koolugaltummaa kan gaafachaa jiru sababa sanyii isaatiin (inni durjiidha) akkasumas sababa ilaalcha siyaasaa isaatiin (mirga durjiif dhaabbachuu).



**Fkn: Ixchel sababa sanyii isheetiif koolugaltummaa iyyachaa jirti.**

Ixchel umriin isaa waggaa 13 dha. Abbaan ishee ishee fi obbolaa ishee Guatamala'tti rukutee miidhe. Yeroo hedduu ajjeechaadhaan doorsisa. Yeroo poolisiitti himttu ishee gargaaruu didanii gara abbaa isheetti akka deebitu taasisu. Akkasumas durjii waan taateef poolisiin addatti ishee ilaala. Ixchel yoo gara abbaa isheetti deebite lubbuu isheef waan sodaattuuf akkasumallee sababa sanyii isheetiin (Ishiin durjii waan taateef) koolugaltummaaf iyyachaa jirti.

## Namoonni ammallee koolugaltummaa iyyachuu danda'uu?

Eeyyee. Ammallee koolugaltummaaf iyyachuu ni dandeessu. Bulchiinsi siyaasaa kamiyyuu imaammata immigireeshinii irratti jijjiirama ni taasisa, garuu Ameerikaa keessatti koolugaltummaaf iyyachuun ammallee mirga seera qabeessa. Maddi odeeffannoo baay'ee amanamaa ta'e ogeessa seeraa immigireeshiniiti. Marsariitiin mootummaa Ameerikaa hubachuun rakkisaa ta'uu danda'a ykn odeeffannoo waqtaawaa qabaachuu dhiisuu danda'a.

## Koolugaltummaa gaafachuun rakkoo uumu qabaa?

Keessattuu yoo adeemsa biyyaa baafamuu keessa **HIN** jiraanne rakkoo qabaachuu danda'a. Iyyachuun rakkoo kan hin qabne ta'uusaa mirkaneeffachuuf abukaatoo immigireeshinii waliin dubbadhaa.

**Koolugaltummaaf kan iyyattan yoo biyya keessan keessatti miidhaa isinirra ga'u sodaattan qofa.** Gaaffilee unka iyyannoo koolugaltummaa irratti dhiyaatan guutummaatti amanamummaan deebisuu qabdu. Yoo iyyata irratti sobdan, lammata Ameerikaa keessatti sadarkaa seerqabeessummaa argachuuf iyyachuu dhiisuu maltu ta'a.

## Abbaa seeraa waliin yoomin dubbachuu qaba?

Koolu galtummaa iyyachuu keessan dura abukaatoo immigireeshinii waliin dubbadhaa; yoo:

- Koolu galtummaa gaafachuuf adeemsa kam hordofuu akka qabdu hin mirkaneeffanne ta'e.
- Adeemsa biyyaa baafamuu/ biyyaa ariyamuu keessatti **HIN** argamtan yoo ta'e.
- Erga Ameerikaa seentee waggaa tokkoo ol ta'eera yoo ta'e.
- Lammii biyya tokkoo ol yoo taatan.
- Ameerikaa keessa yeroo jiraattan yakka kamiinuu hidhamtanii, himatamtanii, ykn isinitti murtaa'ee yoo jiraate.
- Dhaabbata waraana gargaaraa ykn riphee loltummaa, ykn garee hidhatee lolu kamiyyuu biyya kamuu keessatti hirmaattanii yoo jiraattan.

## Abukaatoo na gargaaru eessaa argachuu danda'a?

LawHelpMN.org irratti abbootii seeraa bilisaa fi kilinika seeraa barbaadaa. Abukaatoo bilisaa kan barbaadu baayyeedha. Abukaatoo bilisaa waan gaafatteef qofa wabii hin argattu. Walargee tokkoof gara doolaara 200 kaffaluuf yoo dandeesse abbaa seeraa dhuunfaa waliin dubbachuu dandeessa. Abukaatoon dhuunfaa tokko tokko marii bilisaa ni kennu. Yeroo bilbiltan abbaan seeraa marii bilisaa isin waliin qabaachuu danda'uusaa gaafadhaa.

# Koolugaltummaaf Akkaataa Itti Iyyatamu

## Koolugaltummaa Yoomin gaafachuu qaba?

**Ameerikaa seentanii waggaa 1 keessatti koolugaltummaa galmeessuun dirqama.** Kun guyyaa viizaandhaan Ameerikaa seentan ykn guyyaa daangaa qaxxaamurtan irraa eegaleeti. Guyyaa hidhaa keessaa baatan ykn guyyaa viizaan keessan dhume irraa eegalee miti.

Kanneen kanaan ala ta'an jiru. Erga Ameerikaa dhuftanii waggaa tokkoo ol yoo ta'e abukaatoo immigireeshinii waliin dubbadhaa.



**Fkn: Oscar koolugaltummaaf iyyachuu barbaada.**

Hagayya 12, 2024 daangaa qaxxaamuree. Iyyanni koolugaltummaa isaa hanga Hagayya 11, 2025tti akka dhiyaatu poostaadhaan erguu qaba.Oscar yeroo murtaa'e sanatti qaqqabsiisuuf Hagayya 11 torban lama dura iyyata isaa poostaadhaan erguu qaba.

## Akkamittan koolugaltummaaf iyyachuu danda'a?

Adeemsi isaa nama hundaaf tokko miti. LawHelpMN.org waraqaawwan ibsituu adda addaa kan adeemsa koolugaltummaa iyyachuuf isin qajeelchan qaba. Bakka iyyata keessan galmeessu qabdan irratti hundaa'a.

Yoo ga'eessa taatan, adeemsi isin itti fayyadamtan "Biyyaa Baafamuu" keessa jiraachuu fi dhiisuu keessan irratti hundaa'a.

- Yoo **ga'eessa** taatanii duraan adeemsa **biyyaa baafamuu / biyyaa ariyamuu keessa jirtu ta'e**: Karaa mana murtii immigireeshinii koolugaltummaa gaafachuuf "**adeemsa ittisaa**" fayyadamuu qabdu. Irratti waraqaa ibsituu keenya ilaaluuf koodii QR iskaanii godhaa (defensive process). Koolugaltummaa **mana murtii immigireeshiniitti** iyyattu.

- Yoo **ga'eessa** taatanii garuu adeemsa **biyyaa baafamuu / biyyaa ariyamuu keessa hin jirtan ta'e**: tajaajila Lammummaa fi Immigration U.S. (USCIS) biratti koolu galtummaa gaafachuuf "**adeemsa mirkaneessuu**" fayyadamuu qabdu. Irratti waraqaa ibsituu keenya ilaaluuf koodii QR iskaanii godhaa (affirmative process). **USCIS** tiin koolu galtummaa iyyattu

- Yoo umuriin keessan **waggaa 18 gadi ta'ee maatii ykn guddiftuu seeraa malee** Ameerikaa keessa jiraachaa jirtu ta'e: USCIS tiin koolugaltummaa iyyachuuf "adeemsa mirkaneessuu" fayyadamuu qabdu**:** Adeemsi isaa namni ga'eessi tokko akkaataa inni itti koolugaltummaa iyyaturraa adda. Irratti waraqaa ibsituu keenya ilaaluuf koodii QR iskaanii godhaa (affirmative process for unaccompanied minors). **USCIS** tiin koolu galtummaa iyyattu.

## "Adeemsa Biyyaa Baafamuu" keessa jiraachuu koo akkamittan beeka"

Karaan inni guddaan "Adeemsa Biyyaa Baafamuu" keessa jiraachuu keessan beektan yoo immigireeshiniin Beeksisa Heyyema Biyyicha jiraachuu (NTA) isiniif ergedha.

Beeksisni heyyema biyyicha jiraachuu sanada Kutaa Dhimma Nageenya Biyya keessaa irraa argattanidha. Kana jechuun mootummaan biyyaa isin ari'uuf yaalaa waan jiruuf **mana murtii dhaquu qabdu jechuudha**. Beeksisni heyyama biyyicha jiraachuu Mootummaan maaliif biyyichaa ari'amuu qabda jedhee yaada isa jedhu ibsa. Akkasumas **guyyaa fi bakka dhaddacha jalqabaa** keessan ibsuu qaba. LawHelpMN waraqaa ibsituu yoo Beeksisa Heyyama Biyyicha Jiraachuu isin qaqqabe maal gochuu akka qabdan dubbatu qaba. Akkasumas beeksisa isin qaqqabeef fakkeenya kan ta'uu danda'u qaba. QR code iskaanii godhaa ykn gara: *Yoo Beeksisa Mana Murtii Immigireeshiniiti Dhiyachuu Argattan Maal Gochuu akka Qabdan* deemaa.

Yoo NTA isin qaqqabe, isin adeemsa biyyaa baafamuu keessa jirtu**, Kunneen yoo ta'uu baate:**

- NTAn Gonkumaa Mana Murtii Immigireeshiniitti hin dhiyaanne.

  YKN

- Faaylli immigireeshinii keessanii cufameera yoo ta'e.

Yoo **Adeemsa Biyyaa Baafamuu** keessa jirtu ta'e, **adeemsa ittisaa** fayyadamuun karaa mana murtii immigireeshinii koolugaltummaaf iyyachuu qabdu. Irratti waraqaa ibsituu keenya ilaaluuf koodii QR iskaanii godhaa (defensive process). **Mana murtii immigireeshiniitti** koolu galtummaa iyyattu.

Yoo **Adeemsa Biyyaa Baafamuu** keessatti HIN argamne, Tajaajila Lammummaa fi Immigireeshinii U.S. (USCIS) waliin koolu galtummaa iyyachuuf **adeemsa mirkaneessaa** fayyadamuu qabdu. Irratti waraqaa ibsituu keenya ilaaluuf koodii QR iskaanii godhaa (affirmative process). **USCIS** tiin koolu galtummaa iyyattu.

## Beeksisni Heyyama Jireenyaa mana murtii immigireeshiniitti dhiyaachuu isaa akkamittan adda baafachuu danda'a?

Beeksisa Hayyama Jireenyaa isiniif ergamee isin garuu waa'ee isaa quba hin qabdan ta'a. Yeroo tokko tokko Beeksisa Hayyama Jireenyaa teessoo keessan isa duriitti ergama. Koolugaltummaa iyyachuu keessan **DURA**, dhaddacha mana murtii immigireeshiniitti beellamame qabaachuu keessan adda baafadhaa.

**Bilbilaan.** Waajjira Hojii Raawwachiiftuu Gamaaggama Immigireeshinii (EOIR) sarara bilbilaa **1-800-898-7180** irratti bilbilaa. Lakkoofsa Lakkoobsa-A ykn "Lakkoofsa Galmee Keessummaa" keessan galchaa (Lakkoobsa-A keessan argachuuf gara us-immigration.com deemaa.) Guyyaa fi sa'aatii dhaddacha keessanii ilaaluuf tarreeffama filannoowwanii fayyadamaa. Sararri bilbilaa kun afaan Ingiliffaa fi Ispeeniin kan qophaa'edha. Gargaarsa afaan Ispeeniin argachuuf 2 tuqaa.

**Sarara kallattii.** Gara acis.eoir.justice.gov deemaa. Lakkoobsa-A keessan galchaa "Odeeffannoo Dhaddachaa Itti aanu" fi "Odeeffannoo Quunnamtii Mana murtii" ilaalaa.

**Beellama dhaddachaa qabdu taanan Beeksisni Heyyama Jireenyaa keessan mana murtiitti dhiyaateera jechuudha.** Adeemsa ittisaa hordofuun mana murtii immigireeshiniitti koolugaltummaa galmeessuun dirqama.

**Yoo "dhimmi dhihaate hin jiru" jedha ta'e,** yeroo ammaa kana Beeksisa Heyyama Biyyicha Jiraachuu siif ergame HIN qabdu jechuudha. Adeemsa mirkaneessaa hordofuun USCIS tiin koolugaltummaa galmeessuun dirqama.

### Yoo ani iyyatakoo bakka dogoggoraatti erge maaltu ta'a?

Battalumaan dhorkama. Teessoo poostaa keessaniitti deebi'uu qaba. Iyyata keessan bakka sirrii ta’etti irra deebitanii galmeessuu qabdu.

### Namoonni maatii koo keessaa jiran kan biroos koolugaltummaaf iyyachuu qabuu?

Yoo koolu galtummaan isiniif kenname, haati warraa keessanii fi ijoolleen keessan waggaa 21 gadi ta’anii hin fuudhin kamiyyuu yoo Ameerikaa keessa jiraataa jiru ta’e koolugaltummaa ni kennamaaf. Yeroo koolugaltummaa gaafattan yoo isaanis koolu galtummaa akka argatan barbaaddan iyyata keessan keessatti eeruu qabdu. **Akkasumas isaanis iyyata koolugaltummaa adda addaa mataa isaanii dhiyeessu qabu.**

## Akkaataa Hayyama Hojiitiif Iyyachuun Dandaa’amu

### Iyyata koolugaltummaa kootiif murtii osoon eegu hojjechuu nan danda’aa?

Ameerikaa keessatti seeraan hojjechuuf mootummaa Ameerikaa irraa hayyama si barbaachisa Kunis hayyama hojii jedhama. Hayyama hojii argachuuf iyyachuu qabda. Hanga hayyama kana argattutti hojjechuu hin dandeessu.

### Hayyama hojii battaluma sanatti iyyachuu nan danda’aa?

Lakki.



- Hayyama hojii gaafachuu keessan dura **iyyata** koolugaltummaa erga galfattanii **guyyoota 150f** eeguu qabdu.
- Iyyata hayyama hojii keessanii adeemsisuuf guyyoota 30 fudhata. Kana jechuun yeroo iyyata koolugaltummaa keessan galchitan irraa eegalee mootummaan hayyama hojii keessanii raggaasisuuf guyyoota 180 fudhata. Yeroon eegichaa guyyoota 180 kun “sa’aatii kee” jedhama. Yoo mirkanaa’e kaardii Ameerikaa keessatti hojjechuu akka dandeessu mirkaneessu isiniif kennama.



**Fkn: Sonia heyyama hojiif iyyachuu barbaadde.**
Sonia adeemsa biyyaa baafamuu/biyyaa ariyamuu keessa hin galle. Adeemsa mirkaneessaa fayyadamuun USCIS tiin koolu galtummaa iyyatte.

- Hagayya 8, 2024: Sonia **iyyata koolugaltummaa ishee karaa** USCIS poostaadhaan ergite.
- Adoolessa 1, 2024: USCIS n **iyyata kooluu galtummaa Sonia fudhatee** akka qaqqabes ishee beeksise.
- Mudde 29, 2024 (guyyootni 150 darban): Sonia n heyyama hojiif **iyyachuuf ulaagaa guutteeti jechuudha.** Iyyata heyyama hojii ishees gara USCISergite.
- **Amajjii** 28, 2025 (guyyootmi 180 dhuman): USCIS n iyyata heyyama hojii isheen iyyatte mirkaneesseef . Heyyama hojii ishees karaa poostaa erganiif. Sonia **amma hojii eegaluuf ulaagaa guuttetti** jechuudha.



**Akeekkachiisa!**
**Yeroo tokko tokko sa'aatiin keessan ni dhaabbata** kanaaf hojiif ulaagaa guutuu qabaachuu keessan dura yeroo dheeraa eeguu qabdu.

## "Sa'aatiin" koo akka dhaabbatu maaltu taasisa?

USCIS hanga sa'aatii keessan irratti guyyoonni 180 darbanitti iyyata hayyama hojii keessanii kennuu hin danda'u. Sa'aatiin guyyaa iyyata koolugaltummaa keessan jara qaqqabe irraa eegala. Sa'aatiin sun akka itti fufuuf, wanta sa'aatii sana dhaabu hunda gochuu irraa fagaachuu qabdu. Sa'aatiin keessan kan dhaabbatu yeroo adeemsa iyyannoo koolugaltummaa keessan irratti harkifannaa fidudha.

- **deemsa koolu galtummaa mirkaneessaa USCIS waliin.** Sa'aatiin keessan kan dhaabbatu yoo ashaaraan qubaa beellamame ykn gaaffii fi deebii USCIS waliin taasiftan irraa haftanidha. Akkasumas beellama ykn gaaffii fi deebii irra deebitanii beellamuuf yoo gaafattan ni dhaabata. Sa'aatiin keessan yeroo gara beellama haaraa deemtan deebi'ee jalqaba. Sababoota sa'aatiin keessan dhaabbachuu danda'u hundi USCIS website irratti tarreeffamee jira.
- **Adeemsa koolu galtummaa ittisaa mana murtii immigireeshinii waliin.** Sa'aatiin keessan kan dhaabbatu yoo dhaddacha mana murtii qabaattanii fi yeroo dabalataa abukaatoo argachuuf gaafattani. Kunis "itti fufiinsa" jedhama. Sa'aatiin keessanis yoo beellama baayoomeetirikii irraa haftan ni dhaabata. Dhaddacha mana murtii itti aanu irratti sa'aatii keessan irra deebitanii jalqabuu dandeessa ta'a. Tarreen sababoota sa'aatiin keessan

dhaabbachuu danda’u hunda marsariitii Ministeera Haqaa Ameerikaa irratti argama. Sa'aatiin keessan dogoggoraan dhaabbate jettanii yoo yaaddan mana murtii qunnamaa.



**Fkn: Lorena ayyama hojii argachuuf iyyachuu barbaaddi.**
Lorena n adeemsa biyyaa baafamuu / biyyaa ariyamuu keessa turte. Adeemsa ittisaa mana murtii immigireeshiniitti fayyadamuun koolu galtummaaf iyyatte.

- Hagayya 1 , 2024: Manni murtii immigireeshinii **iyyata koolu galtummaa Lorena fudhate**.
- Adoolessa 15, 2024: Lorena dhaddacha mana murtii immigireeshinii ishee akka tursitu waan gaafatteef, **abukaatoo argachuuf yeroo argatte**. Abbaan murtiis tole jedhe. Sa'aatiin ishee ni dhaabbate. Sa'aatiin ishee yeroo dhaabbatu guyyaa 44 qabdi turte.
- Fulbaana 30, 2024: Lorena n  abukaatoo argattee **dhaddacha immigireeshinii itti aanuuf** mana murtii Minnesotaa deemte. Sa'aatiin ishees ni jalqabe.
- Amajjii 14, 2025: Lorena n hayyama hojii argachuudhaaf **iyyachuuf ulaagaa guutte**. Iyyata hayyama hojii ishee USCIS tti ergite
- Gurraandhala 13, 2025: SCIS iyyata hayyama hojii ishee raggaasiseera. Kaardii hayyama hojii ishee poostaadhaan erganiiru. Looreenaan **amma hojii jalqabuuf ulaagaa guutteetti**.

## Yeroon eegicha koo yeroo xumuramu, hayyama hojii akkamittan iyyachuu danda’a?

LawHelpMN waraqaa ibsituu kan akkaataa hayyama hojii itti iyyatan dubbatu qaba. QR code iskaanii godhaa ykn gara : lawhelpmn.org/self-help-library/fact-sheet/how-get-permission-work-minnesota deemaa.

***Fact Sheets odeeffannoo seeraa ti. Gorsa Seeraa MITI. Gorsaaf abokaattoo qabadhaa***
***Fact Sheet kana yoo inni wagaa tokkoo ol ta’e itti hingargaaraminaa. Haaromsaaf tarree Fact Sheet, ykn akkaataa roga jijjiiramaaf nugaafadhaa.***

**© 2027 Minnesota Legal Services Coalition.** Sanadni kun dhimma daldalaaf hintaane, namtokkeedhaafi barnootaaf baay’atee raabsamuu danda’a. Mirgoonni biroon hundinuu eegamoo dha. Beeksisi kun waraabbii hunduma irratti argamuu qaba. Baayisuun raabsuun fi .dhimma daldalaaf itti gargaaramuun cimsamee kan dhorkamee dha.